# سُورَةُ الدُّخَانِ
# Suuraa Dukhaan

| | |
|---|---|
| قبل كل شئ هذه هي سورة الدخان | *Dura dursoo suuran tun Suuratud-dukhaan}je'amti . |
| وهي مكية | *Isiin suuraa makkaati . |
| وآياتها ( ٥٩ ) | *Aayaanni isi'ii shantamii sagali{59} |
| نزلت بعد سورة الزخرف | *Isiin eega (Zukhrufii} buute |
| ترتيبها ( ٤٤ ) | *Lakkooysi isi'ii afurtamii afuri {44} |
| بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ | *Jalqabni dubi'ii maqaa Rabbiitii, |

حمٓ ﴿١﴾

l}*(Hgaa miim} jecha kanatti waan fedhame Rabbumaatu beekha.

وَٱلْكِتَٰبِ ٱلْمُبِينِ ﴿٢﴾

2}*Qur'aana haqa mul'isu, kan haraam ifii halaal adda namaa baasun kakhadhee,

إِنَّآ أَنزَلْنَٰهُ فِى لَيْلَةٍ مُّبَٰرَكَةٍ

*Nuti qur'aana san, halkan barakaa qabu keessa buufne. halkan barakaa qabu sun, halkan (leylatulqadrii} kan baatii ramadgaanati.. takkaa halkan kudha shaneessa'aa kan baatii shakgbaanatii.

Qur'aana halkan san keessa, lawhgulmahgfuuz, kan samii torbeessa'aa gubbaa, qilleensa keessa jirurraa fuudhamee, gara samii lafatti gad aan tuu tana fidame. yookaa buufame .

إِنَّا كُنَّا مُنذِرِينَ ﴿٣﴾

3}*Nuti qur'aana kanaan,nama gorsinee, azaaban nama sodaachifnee akka amanan goona .

فِيهَا

*Halkan qur'aanni keessa bu'e, leylatulqadri, yookaa wal'akkaa shakgbaanaa san keessa.

يُفْرَقُ

* Addaan qoodama.

كُلُّ أَمْرٍ حَكِيمٍ ﴿٤﴾

4}*Amriin muramtuun hikmaa qabdu hundi, rizqiiifin umri'iifiin, wanni biralleen halkan san qoodamti . wanni hanga bara dhufu asirraa qabnee hanga waytii akkanatti argamu'uu taa'u

hundi, warra lafarra qoodama. wanni leyJatulqadri je'ameef, isaatu barakaa qaba'aaf takkaa leylatulqadri jechuun halkan likkeessu'uu jechu'u maaJif Rabbiitu isii keessa waan asirraa qabee, hanga, halkan akkanaa kan amata dhufuu jiddu'uutti argamsiisu'uu taa'u, muree, katabee malaaykaa dalagaa oofturra qoodan. Malaaykaa dalagaa Rabbii ooftu afurii. isaan : Israafiil , miikaa'iil , azraa'iil ,jibriil. ISRAAFIIL inni maJaayk-i-cha akkaan gudda'aa, kan samii gad aantu qabuu waan dalagaa taye isaatu irraa gaafatama .MIIKAA'I1L waan rizqii tayerraa isaatu gaafatama .(jibriil } lolaafii, dachiin sossouudhafii , bokhakkaaafii. dachiin namaan cituudharraa gaafatama. ( Azraaiil } waan nama rifachiisaa , balaa hundarraa gaafatama .. wanni jeame : waan Rabbiin mure tan hanga bara dhufutti deemtu , lawhgal mahfuuzirraa xalayaarratti katabuu halkan wal, akkaa shakgbaan, yookaa baatii heexo`oo jalqabaniiti, halkan laylatul qadrii, kan soomana keessaa, keessa, dhumtee, warra dalagaa lafaa oofurraa qoodamti, isaan samii jiranii duuba isaan warra dachiitti geessa

أَمْرًا مِّنْ عِندِنَآ

*Wanni halkan san qoodamu arnrii nubiraa baate . murtii teenya . quraana kana, wanni buufnef, dantaa gabroota kiyyaatifi , quraana keessa dantaan isaanii ta diinifii ta addunyalleedhatu jira .

إِنَّا كُنَّا مُرْسِلِينَ ٥

5}*Nuti nabi Muhamrnadiifii, warra isa duraa erginee jirra.

رَحْمَةً مِّن رَّبِّكَ

*Ergamoota erginee gabroota karaa gaarii qajeelchun Rabbiin kee Rahgmata gabroota isaatii godhuvakka waan addunyaadhafii, aakhiraa isaanii tolu dalaganii, waan addunyaaa, aakhiraa isaan miidhu, irraa fagaatan godhu`uu jecha, kanuma aylii isaanii kennee,jiru, nama waan gaariiifii, waan hamtuu adda isaanii baasu, isa anitti erguun, kan aylii isinii kennee, aylii teessaniin , adda baraa hin jein . Rahgmata guddaa gabroota godhuu je`ama

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ

*Rabbiin kan waan gabroonni je`u dhagayu.

ٱلْعَلِيمُ ٦

6} *Kan waan isaan dalagan beekhu

رَبِّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَآ

*Waaqa yookaa Rabbii, sa miiifii ,dachii, waan isaan lamaan jidduu jiru uumee qabu.

إِن كُنتُم مُّوقِنِينَ ﴿٧﴾

7}*Duuba yoonif, waaqni,isa dachiii sami uumee beytan,akka Muhammad ergamaa isaa taye hubadhaa .

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ

*Rabbi malee, Rabbiin biraa hin jiru

يُحْيِۦ وَيُمِيتُ

*Kan jiraachisu kan ajjeesu .

رَبُّكُمْ وَرَبُّ ءَابَآئِكُمُ ٱلْأَوَّلِينَ ﴿٨﴾

8}*Inni Rabbii keessan. Amallee Rabbii abbootii teesaii , ta duri .

بَلْ هُمْ فِى شَكٍّ

*Inumaa kuffaarri makkaa , qabriii kaafamanii ,gaafatamuu shakkan hugo`oomsan.

يَلْعَبُونَ ﴿٩﴾

9}*Ni taphatan, diinirraa gara galaniiti si xiqqeessan duuba hoggaa isa xiqeessanii, islaama diduu keessa wasanaa bayan,nabiin akki jee : yaa Rabbi ormi kun quufii ,qooqee , akkan qajeelchuu dandayu,abaar bara torba isaanirra taau ,kan akka zamana nabi yuusufwarra misratti buuftee ,orma makkaa, kuffaara kanatti buusi Je'ee,Rabbi khadhate. Eega rnadiinaatti godaaee. Akka laafanii am ananiif .duuba Rabbiin warra makatti abaar , yookaa oolaa buusee , akki nabi Muharnadiin je`e.

فَٱرْتَقِبْ يَوْمَ تَأْتِى ٱلسَّمَآءُ بِدُخَانٍ مُّبِينٍ ﴿١٠﴾

10}*Mee qureyshiirratti argamuu eegi .guyyaan aarri dachiiifii samii jiddu'uu namuufuu mulatu, Hanga namni lama kan walitti haasawu walin agarre takkatti , dachiin goggoydee , beelti itti jabeessitee

يَغْشَى ٱلنَّاسَ

* Aara kuffaara hunda, ha'ago.

هَٰذَا عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿١١﴾

11}*Hoggaa aara dachiiifii samii jidduu cufe argan, kun azaaba nu laalessu je`anii , ammas akki jean:

رَّبَّنَا ٱكْشِفْ عَنَّا ٱلْعَذَابَ

*Yaa Rabbii keenya balaa tana nurraa deemsisi.

إِنَّا مُؤْمِنُونَ ﴿١٢﴾

12}*Nabiyyii kee Muhammad ni dhugo'oomsinaa je`an.

أَنَّىٰ لَهُمُ ٱلذِّكْرَىٰ

*Duuba rabbiin akki je'e: eessaa amanan , takkaa eessaa balaa isaanirraa deernsisu'uun, gorfamanii amanan .

وَقَدْ جَآءَهُمْ رَسُولٌ مُّبِينٌ ﴿١٣﴾

13}*Kan nabiyyiin yookaa ergamaan mul'ataan isaanitti dhufee, islaamatti isaan yaamee.

ثُمَّ تَوَلَّوْاْ عَنْهُ

*Duuba itti amanurraa gara galanii.

وَقَالُواْ مُعَلَّمٌ

*Muhammad, namaatu waa isa barsiisa je'an,

مَّجْنُونٌ ﴿١٤﴾

14}*Hogiin uhammad martaa je`an duuba ergamaa keenya mul'ataa guutu isaan gorsu,sanuu,dhagayanii hin amannee, akkamiin balaa isaanirraa deemsisu'uun, gorfamanii amanan? Kun waan fagoodhaa , haa tayuu .

إِنَّا كَاشِفُواْ ٱلْعَذَابِ قَلِيلًاۚ

*Nuti azaaba beelaa, yaroo xiqqoo isinirraa deemsifuaa , hin amantanii

إِنَّكُمْ عَآئِدُونَ ﴿١٥﴾

15}*Isin kufrii keessan itti fuftan itti deebitan, akkana jechuun isaan hin amanne,baallama isaanii,kan ni amannaa, balaa nurraa deemsisi jean.ni diigan jechu', duuba baallama seen un akka waan amanuuutii diigun akka kufriitti deebuuutii.tanaaf'Rabbiin balaa isinirraan deemsisaa,haa tayuu bin kufriitti deebitan jee kanuma isaan kufrii gad hin dhiisin .

يَوْمَ نَبْطِشُ ٱلْبَطْشَةَ ٱلْكُبْرَىٰٓ

*Guyyaa dhayiinsa jabaa isaan dhooynu ,yookaa fuudhinsa hamaa guddaa isaan fuunu, dubbadhu. sun guyyaa lola badriitii . takkaa qiyaama'aatii .

إِنَّا مُنتَقِمُونَ ﴿١٦﴾

16}*Nuti akkanatti isaan hin dhiifnuu, biiluu isaanirraa baanaa. isaan qaxxaanaa

۞ وَلَقَدْ فَتَنَّا قَبْلَهُمْ

*Nuti dhugumaan isaan dura mokkorree jirra

قَوْمَ فِرْعَوْنَ

*Firkgawnafii ummata isaa

وَجَآءَهُمْ رَسُولٌ كَرِيمٌ ﴿١٧﴾

17}*Ummata firkgawnaa sanitti erganaan keenya gaarin dhufee,inni muusa'aa

أَنْ أَدُّوٓا۟ إِلَىَّ عِبَادَ ٱللَّهِ

*Gabroota Rabbii naa gad dhiisaa, isaan banii isra' iilii. kan firkgawna gabroonfatuu ture, takkaa yaa gabroota Rabbii , waanan an isiniin jeu dhagayaa, akka waanan an je`u , dhageessan, amanaaa , na garsiisaa.

إِنِّى لَكُمْ رَسُولٌ أَمِينٌ ﴿١٨﴾

18}*An ergamaa keessan amanamaaa kan waan Rabbiin naan ergerratti amanamu. kan irraa hin ir'i fne . kan ittin idaane

وَأَن لَّا تَعْلُوا۟ عَلَى ٱللَّهِ

*Rabbitti mataa olin qabatinaa , isaa gad je`aa , waan inni jeu dhagayu'uun

إِنِّىٓ ءَاتِيكُم بِسُلْطَٰنٍ مُّبِينٍ ﴿١٩﴾

19}*An mukgjizaa, yookaa raga mulata'aanan, akkan ergamaa Rabbii taye, isinitti dhufaa, narraa qeebalaa je'een .jennaanin, eega mukgjizaa hedduu akka inni ergamaa Rabbii taye, beysiftu, arganii, muusaa ajjeessuuuf itti ka'an . hoggus nabi Muusan akki jee ..

وَإِنِّى عُذْتُ بِرَبِّى وَرَبِّكُمْ أَن تَرْجُمُونِ ﴿٢٠﴾

20}*An isin dhagaaan na darbattanii natti roorrisu'urraan Rabbitti maganfadhaa

وَإِن لَّمْ تُؤْمِنُوا۟ لِى

*Yoo na dhugooornsuu baattan .

فَٱعْتَزِلُونِ ﴿٢١﴾

21}*Na dhiisaa .nan miidhinaaa.duuba dhiisuu didanii ,zamana dheeraa , akka maratti isa miidhan .

فَدَعَا رَبَّهُۥٓ أَنَّ هَٰٓؤُلَآءِ قَوْمٌ مُّجْرِمُونَ ﴿٢٢﴾

22}*Akkasitti, nabi muusan,Rabbii isaa kadhatee akki jee : yaa Rabbi jarri kun warra sitti kafaree , wasanaa bayee , adaba isaan goosisi.

فَأَسْرِ بِعِبَادِى لَيْلًا

*Duuba Rabbiin nabi Muusaaan akki je`e, gabroota kiyya { banii israaiil } kaasii, halkan keessa biyya misgraatii bayii, karaa biyya shaam gara falasgxiin deemi.

إِنَّكُم مُّتَّبَعُونَ ﴿٢٣﴾

23}*Waa takka beekhaa hoggaa isin

baatan firowna ashkara fudhateeti isin deebisu'uuf takkaa isin fixuuuf, isin hordofaa, bahara guddaaatu isin dura dhufaa, hin sodaatinaaa, ulee teet in dhayi. hoggaa dhooyte ,bakka kudha lamatti adda citee, karaa goggaa tayaa ,akkasitti gosti israaiil kudha lamaan karaa adda addaa qabattee, bahara ceetii, kan gaarri bishaanii isaan gubbaa dhaabbatu. .

وَٱتْرُكِ ٱلْبَحْرَ رَهْوًا *Hoggaa siifii ummanni kee gama ceetan ,akkasumatti,bahara karaa goggogaa, banama, dhiisi, dhooytee wal ittin deebisinii firkgawnafii ashkarri isaa kan isin hurdofu hundi haa seenuu.

إِنَّهُمْ جُندٌ مُّغْرَقُونَ ﴿٢٤﴾ كَمْ 24}*Isaan ashkara, baharri byaatuu duuba hoggaa firkgawnafii, ashkarri isaa hundi, kan irraa maayyiii bahara seenu, kan rnuusaaafii , ummanni isaa, kan irraa rnaayyiii bahara keessaa gama ceyu , baharri hundi walitti deebiee , firkgownafii,cifraa isaa , baharri Iiqimse .

تَرَكُوا۟ مِن جَنَّٰتٍ *Firkgownafii, ummanni isaa masnoo hedduu , dhiisanii dhuman.

وَعُيُونٍ ﴿٢٥﴾ 25} * Ammallee ija yaatu hedduu .

وَزُرُوعٍ *Ooyruu hedduu .

وَمَقَامٍ كَرِيمٍ ﴿٢٦﴾ 26}*Bakka teessumaa , yookaa wal gayaa, bareedaa,manneen babbareedaa, hedduu . dhiisan .

وَنَعْمَةٍ *Waan qananianiin , kan akka uffataa, kan akka waan yaabbatanii, hedduu .

كَانُوا۟ فِيهَا فَٰكِهِينَ ﴿٢٧﴾ 27}*lttiin qanani'uu turan , dhiisanii dhuman.

كَذَٰلِكَ *Dubbiin akkasii .

وَأَوْرَثْنَٰهَا قَوْمًا ءَاخَرِينَ ﴿٢٨﴾ 28}*Eega isaan dhumanii waan san hunda ,ummata biraati, dhaalchifne .umm anni waan san dhaale, ummata muusaa dhati.kan jarri dhume sun, cunqursuu ture .

فَمَا بَكَتْ عَلَيْهِمُ ٱلسَّمَآءُ وَٱلْأَرْضُ *Gaafa firkgawnafii, ummanni isaa ku-

ffaarri sun.dhume.sarniiifii dachiin .isaanii jettee hin boonye. akka du'a mu'rninaatii boochutti. rnu'rninni hoggaa du'u bakkeen inni dachiirraa irratti salaatufii bakkeen dalagaan isaa itti ol fuudhamtu , ni boochi.

29}*Kuffaarri sun akka towbatanii jall- وَمَا كَانُواْ مُنظَرِينَ ﴿٢٩﴾

inarraa deebian qaaxaroon, isaanii hin qabamnee , balaan itti buunan . numa dhuman kan hoggaa balaan itti buute , bakka itti jalaa bayan hin, dhaban .ammellee kadhaan firkgawnaa irraan qeebalamnee ibiddatti kuttee ,

**30}***Dhugumaan i1maan is-raa'iil azaaba isaan xiqqeessu jalaa , nagaya baafne وَلَقَدْ نَجَّيْنَا بَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ مِنَ ٱلْعَذَابِ ٱلْمُهِينِ ﴿٣٠﴾

*Azaaba firkgawna , isaan dhandhamsiisirraa.kan dhiira isaanii ajjeesee , dhalaa isaanii ifkhaddamsiisu maalif. مِن فِرْعَوْنَ

*Firkgawna mootii misraa kan qooqee . إِنَّهُۥ كَانَ عَالِيًا

**31}** * Warra Rab bitti balleessuu keessa wasanaa bayerraa tayuu turee مِّنَ ٱلْمُسْرِفِينَ ﴿٣١﴾

32}*Dhugumaan nuti ilmaan israaiil fi- وَلَقَدِ ٱخْتَرْنَٰهُمْ عَلَىٰ عِلْمٍ عَلَى ٱلْعَٰلَمِينَ ﴿٣٢﴾

lannee , warra , namaafii j inni' irraa zamana san jirurra caalchifne waan kitaaba isaanii buufnee anbiyoota isaanitti ergineef . kan ummanni ibaa ummanni biraa diin hin qabne. duuba isaan filatuun haala isaanii beyneti. isaan tolanii qajeellani

*Mukgjizaa heddu'urraa , ilmaan israa`iiIif kennine وَءَاتَيْنَٰهُم مِّنَ ٱلْءَايَٰتِ

33}*Waan qananiin rnulattuun keessa jirtu , kan akka bahara karaa isaanii godhu'uu.akka xilaata isaanii duraa bayan مَا فِيهِ بَلَٰٓؤٌاْ مُّبِينٌ ﴿٣٣﴾

*Kuffaarri qureyshiii , kan eega duunee hin kaanuu yaadu kun إِنَّ هَٰٓؤُلَآءِ

34}*Nije'an. لَيَقُولُونَ ﴿٣٤﴾

*Duuti eega isiiitii jiraachifamnu , tabiraa hin jirtu . إِنْ هِىَ

*Yoo,du'a teenya, ta duraa taate malee إِلَّا مَوْتَتُنَا ٱلْأُولَىٰ

duuti duraa tan isaan baanan ta hoggaa garaa haadhaa seenan, odoo lubbuun ittin afuufamin duan ammoo eega baatii afur garaa haadha ta aanii, lubbuun itti afuufamtii,ni jiraatan . jireenyi kun jireenya dua duraa boodati.ammoo eega umriin isaanii dhumtee , duuun.dua lammad aati. isaan eega du' a tanaatii ni jiraachifamnaa hin yaadan . tanaaf jecha akki je`an

وَمَا نَحْنُ بِمُنشَرِينَ ﴿٣٥﴾

35}*Nuti eega dua larnmaffaaatii , jiraachifamnee, hin kaafamnuu .

فَأْتُوا بِآبَائِنَا

*Mee abbootii teenya warra dur fidaadhaa , nu garsiisaa je' an .

إِن كُنتُمْ صَادِقِينَ ﴿٣٦﴾

36}*Yoo kan dhugaa dubattan taatan duuba Rabbiin akki jee

أَهُمْ خَيْرٌ أَمْ قَوْمُ تُبَّعٍ

*Si isaani moo,ummata tubbaiitu , waan, addunyaaa keessatti irra caala ? ummanni { tubba } warra yamani (tubba' } nabiyyi' ii yookaa waliyyii isaaniti .

وَالَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ

* Ammallee warra isaan duraati, moo isaantu irra jaboo

أَهْلَكْنَاهُمْ

*Ummata tubbaiifii , ummata isaan duraa hunda fin'ee jirra

إِنَّهُمْ كَانُوا مُجْرِمِينَ ﴿٣٧﴾

37}*Isaantu ummata Rabbitti kafaruu turee . duuba jara kanas akkuma isaaniti goonaa. kufriirraa haa deebianii

وَمَا خَلَقْنَا السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لَاعِبِينَ ﴿٣٨﴾

38}*Sami'ii dachiii ammallee waan isaan lamaan jidduu jiru,taphaafhin uumne

مَا خَلَقْنَاهُمَا إِلَّا بِالْحَقِّ

*Haqaafmalee waan biraatifhin uumne wanni waan san hunda uumnef akka waan saniin dandeeytii teenyafii tokkummaa teenya beekhaniif. akka waan nuti uumne kana, laalanii, Rab biin nama due, ni kaasaa beekkaniifi maalif Rabbiin nama uumeti waan lafarrajiru hunda isaaf, uumee, natti amanii, waanan an siin je`u dhagayi jeeen . duuba gariin namaa amanee gariin kafare . Rabbiin nama natti amane, nan qananiisaa , kan natti kafare. na n qixaaxa je`ee dabarsee jira . duuba waan addunyaan tun, mana qananiii hin tayiniif, Rabbiin, bakka namni isatti amane, itti qananiuufii , bakka namni isatti ka fare, itti qixaaxamu, godhuun ,waan irraa hafiinsi hinjirre.akka namuu jazaa , waan dalagee argatu. Silaa odoo namuu akkuma dueen hafee, kaafiraafii, mu'rnina wal qixxeessuuutu argamaa , sun

waan Rabbiin hin malle Rabbiin irraa caala warra firdii godhuutii , namni firdii haqaa godhu , nama harnaaafii, gaarii walin qixxeessu .

وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٩﴾

39}*Haa tayuu irra hedduun kuffaaraa, kana hin beekhan .

إِنَّ يَوْمَ ٱلْفَصْلِ مِيقَٰتُهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٤٠﴾

40}*Guyyaan qiyaarnaaa kan Rabbiin gabroota isaa jiddu 'utti firdii godhee adda baasu sun, waytii warra Rabbitti balleesse hunda azaaba zalaalamiii seensisu`uu qabamte .

يَوْمَ لَا يُغْنِى مَوْلًى عَن مَّوْلًى شَيْـًٔا

*Guyyaa aanan.aanaaa, hin tolle .kan firri , firarraa waa takka hin deebifne

وَلَا هُمْ يُنصَرُونَ ﴿٤١﴾

41}*Isaanilleen ifirraan dhoowwan .namni isaanii tumsee , azaaba isaanirraa dhoowwu , hinjirru .

إِلَّا مَن رَّحِمَ ٱللَّهُ

*Yoo nama Rabbiin rahgmata godheef taate malee, isaan warm Rabbitti amanee, isaan waliif ni tolanii , gariin isaa nii garii ni shafaa . iznii Rabbiitin .

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلْعَزِيزُ

*Rabbiin jabaa,nama isatti balleesse , qixaaxu .

ٱلرَّحِيمُ ﴿٤٢﴾

42}*Kan Warm isatti amaneef ,rahgmata godhu

إِنَّ شَجَرَتَ ٱلزَّقُّومِ ﴿٤٣﴾

43}*Mukni (zaqquum } jeamu inni muka ajaayaa hadhaayaa ,horiin dheeysu ,kan gammoojjidhatti argamu fakkaataa kan Rabbiin azaaba ibiddaa keessan magarsu .kan dameen isaa mana ibiddaa hunda seentu

طَعَامُ ٱلْأَثِيمِ ﴿٤٤﴾

44}*Nyaata warm dilii gurguddoooti kan Rabbitti waa qindeessu. mukni sun ni oowaa

كَٱلْمُهْلِ

* Akka ( nuhaasa } bayfametti akkasitti oow'a

يَغْلِى فِى ٱلْبُطُونِ ﴿٤٥﴾

45}*Kan garaa nama isa nyaatee keessaa, oowee kuqu

كَغَلْيِ ٱلْحَمِيمِ ﴿٤٦﴾

46}*Akka bishaan akkaan khoqutti danfuu keessa.

خُذُوهُ

*Wanni zabanyaa ibiddaatin ashkara isaatin je`amu : namicha dilii heddomma atu san fuudhaa.

فَٱعْتِلُوهُ

*Humnaan harkisaadhaa .

إِلَىٰ سَوَآءِ ٱلْجَحِيمِ ﴿٤٧﴾

47}*Warakkaa ibiddatti darbaa.

ثُمَّ صُبُّواْ فَوْقَ رَأْسِهِۦ

*Eegasii mataa isaa gubbaatti naqaa.

مِنْ عَذَابِ ٱلْحَمِيمِ ﴿٤٨﴾

48} *Azaaba akkaan oow' urraa duuba wanni isaan je amu , qishna' aaf jecha .

ذُقْ إِنَّكَ أَنتَ ٱلْعَزِيزُ ٱلْكَرِيمُ ﴿٤٩﴾

49} * Azaaba kana dhandhami ati nama jabaa .colleee akka addunyaarratti, an nama jabaa , ifiin jeuu turte

إِنَّ هَٰذَا

*Ammas wanni kuffaaran jeamu azaabni laaltanii gartanii dhandhamtan kun

مَا كُنتُم بِهِۦ تَمْتَرُونَ ﴿٥٠﴾

50}*Waan addunyaarratti hin dhufu jettanii shakkuu turtanii dhugaa tayuu gartanii gubadhaa isintu if galaafatee .

إِنَّ ٱلْمُتَّقِينَ فِي مَقَامٍ أَمِينٍ ﴿٥١﴾

51}*Warri Rabbi sodaatu , guyyaa qiyaamaadhaa, bakka teessumaa amanamaa , kan isa keessatti waa takka hin sodaanne keessa , qubatan .

فِي جَنَّٰتٍ وَعُيُونٍ ﴿٥٢﴾

52}*Jannata, yookaa masnoo ilii bishaanii olii gad keessa yaatu,keessa qubatan

يَلْبَسُونَ مِن سُندُسٍ

*Hariira furdaa bareedaa .

وَإِسْتَبْرَقٍ

*Ammallee hariira qalaa bareedaa uffatan.

مُّتَقَٰبِلِينَ ﴿٥٣﴾

53}*Walitti fuula gara galaniiti tattaaan killiyyuu walii hin arganii .waan siren isaanin naannoytuuf.

كَذَٰلِكَ

*Dubbiin akkasii .

وَزَوَّجۡنَٰهُم

*Warra jannataa san ni qindeessine

بِحُورٍ عِينٖ ﴿٥٤﴾

54}*Beerajannataa ,adaadii ija babal'oo

bareedduu qabutti isaan qindeessine . haa tayuu huurulkgeyniidhamoo , beera addunyaaatitu irra caala ,jechaa keessatti wal dhabaatu jira irra jabaan dubbiii beera . addunya "aatu irra caala jechu. waan hadiisatti ( dhalaa namaatitu huurulkgayniirra harka kuma torbaatamaan caala } jechuun hadiissa keessatti dhufeef jecha .

يَدۡعُونَ فِيهَا

*Jannata keessatti warra jannataa ni yaammatan.

بِكُلِّ فَٰكِهَةٍ

*Waan qananiiif nyaatan hundaan joollee isaan khaddamtu yaaman .

ءَامِنِينَ ﴿٥٥﴾

55}*Kan wanni mi'aadhaa nyaatan, kan barbaadan,yookaa yaammataniin, sun, nurraa citaa hin sodaanne kan yoo nyaatan, akka isaan hin miine,amananii jiran . ammallee waanuma so daatan hundarraa if amananii jiran .

لَا يَذُوقُونَ فِيهَا ٱلۡمَوۡتَ

*Jannata keessatti dua dhandhaman. waanjannata keessa duuti hin jirreef.

إِلَّا ٱلۡمَوۡتَةَ ٱلۡأُولَىٰۖ

*Du'a duraatan addunya'arratti dhandhaman qofa,dandhaman,malee takkaa eega dua addunyaarratti .duaniitii, du`a biraa hin dhandhaman, hin duan jechu .

وَوَقَىٰهُمۡ عَذَابَ ٱلۡجَحِيمِ ﴿٥٦﴾ فَضۡلٗا مِّن رَّبِّكَۚ

56} *Rabbiin kee arjummaa isaatin , ibidda azaabaajalaa nagaya isaan baase

ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡفَوۡزُ ٱلۡعَظِيمُ ﴿٥٧﴾

57}*Wanni akkasitti,warri Rabbitti amane argate sun, milkii guddoo

فَإِنَّمَا يَسَّرۡنَٰهُ بِلِسَانِكَ

*Wanni quraana afa an keetin buufnef akka arabni sirraa beekhu'uufi.

لَعَلَّهُمۡ يَتَذَكَّرُونَ ﴿٥٨﴾

58}*Akka isaan quraanan gorfaniifi , akka sababaa saniin amananiifi . haa tayuu isaan hin amananii

فَٱرۡتَقِبۡ

*Badiinsa isaanii eegi .

إِنَّهُم مُّرۡتَقِبُونَ ﴿٥٩﴾

59}*Isaanis badii teeti eeganii. Suuraa dukhaan tana qara'uun keessattuu halkan jum'aadha sawaaba guddaa qaba.